

Minnesota Department of Health (Kutaa Fayyaa Minnesota)

## Dhukkubsatooti Dhukkuba Sombaa Namatti Darbu Qabaachuu Malan, Mana Keessati Hafuura Baafachuuti Eeggannaa Godhamuu Qabu

Maqaa dhukkubsataa: \_\_\_\_\_ Guyyaa Dh: \_\_\_/\_\_\_/\_\_\_  
Dhaabilee fayyummaa uummataa naannoo: \_\_\_\_\_ Lakk. bilbilaa: (\_\_\_\_)\_\_\_\_\_  
Dr Dhukkuba Sombaa: \_\_\_\_\_ Lakk. bilbilaa: (\_\_\_\_)\_\_\_\_\_  
Beelama Dhukkuba Sombaa ilaalchisee dooktora kee waliin qabdu: \_\_\_\_\_  
Odeeffannoo kana dhukkubsataa waliin kan gamaagame: \_\_\_\_\_ gaafa (guyyaa) \_\_\_/\_\_\_/\_\_\_

Qorannaan siif godhame akka agarsiisutti akaakuu dhukkuba sombaa (DhS) namoota biraati darbuu danda'u kan qabdu fakkaata. Battala ammaatti hospitaala ciisuun sirra hin jiraatu. Dooktori kee DhS kee wallaanuuf daawaa/qoricha siif ajajeera ta'a. Hojjetooni oggummaa fayyaa oggaa mana kee keessa turanitti eggannoo ofii gochuuf aguuggee (maaskii) ni keewatu ta'a.

Naannoo daa'imootaa, ijoollee xixqoo ykn namoota qaami isaanii dhukkuba ofi irraa ittisuuf dadhabaa ta'e kan akka dhukkuba HIV ykn kaansarii bira ta'uun siif hin ta'u, Sababiin isaas dhukkuba ofiirraa loluun itti cima. Ijoolleen umuriin isaanii waggaa 5 gad ta'ee mana kee keessa jiraatan erga dooktoraan DhS ilaalamanii qoricha/daawaa DhS akka hin qabamneef irraa ittisu fudhatanii booda si waliin jiraachuu ni danda'u.

Akka jarmii DhS namoota biraatti hin dabarsineef waanti barbaachisaan ati gochuun siif ta'u waan kanaan gaditti jiran kana:

- Yeroo hundaa yeroo qufaatu ykn haxxifatu afaaniif funyaan kee haguugi. Nomooni tokkoo-tokko yeroo waan ho'aa dhugan xiqqoo qufaasisa.
- Oggaa mana jirtu, kutaa namooni biraan dhimma itti bahan keessa yeroo gabaabaa caalaa hin turin, kan akka mana dhiqannaa ykn bakka nyaata itti qopheessan. Mana keessatti, bakka maatiin si waliin jiraatan yeroo jirtu aguuggee (maaskii) keewachuun si hin barbaachisu.
- Hojjetoota oggummaa fayyaa irraa kan hafe, keessummaan akka mana kee dhufu hin godhin. Atis namoota biraa daawachuuf hin dhaqin.
- Yoo dandeesse, afarsituu (faanii) ti dhimma bahi ykn foddaa mana keetii bani. Inni kun qilleensi mana keessa akka naanna'u godha. Ala mana kee birra aguuggee(maskii) malee bahuu ni dandeesa.
- Wallaansi Birratti Argamuun Godhamu (WBAG) DhS fayyisuuf karaa baayee gaariidha. Dooktori kee fi narsiin eegumsa fayyaa uummataa waa'ee wallaansa birratti argamuun godhamu sitti himu. Hojjetaan oggummaa fayyaa daawaa DhS kee siif fidee/ddee yeroo ati fudhatu ilaala/ti. Yoo rakkina ykn gaaffii daawaa DhS ilaalchisee qabaate hojjetaa oggumma fayyaati himuu hin dagatin.
- Hojja/jiruu, mana barumsaa, bakka sagadaa, mana kitaabaa, ykn bakka namoonni baayeen itti argaman kan akka lafa nyaata bitan fi mana poostaa.hin dhaqin.
- Geejiba uummataa kan akka baasii, taaksii, baaburaa, fi xiyyaarati dhimma hin ba'in.
- Fayyummaa kee ilaalchisee beelama qabdu hundaa dhaquutu si irra jiraata. Dooktori kee si ilaalee akka daawaan DhS kee hojjechaa jiru mirkaneeffachuu qaba. Yoo beelama kee dhaquu hafte DhS kee fayyisuuf yeroo dheeraa fudhata.
- Dooktorii ykn narsiin kee aguuggee(Maskii) fuulaa addaa siif kennu. Aguuggee (maaskii) kana oggaa kilinkii ykn hospitaala dhaqxu keewadhu.



Tuberculosis Prevention and Control Program  
P.O. Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
1-877-676-5414, 651-201-5414  
[www.health.state.mn.us/tb](http://www.health.state.mn.us/tb)

# Dhukkubsatooti Dhukkuba Sombaa Namatti Darbu Qabaachuu Malan, Mana Keessati Hafuura Baafachuuti Eeggannaa Godhamuu Qabu – 2

---

- Dooktoriin ykn narsiin eegumsa fayyaa uummataa kee yoom akka ati aguuggee (maaskii) keewachuu dhaabdee akka duriiti deebitu sitti himu.

Yoo waa'ee DhS ykn wallaansa kee ilaalchisee gaaffii qabaate dooktora ykn narsii eegumsa fayyaa uummataati haasa'i.

**Kan inni irraa fudhatame:** Kutaa Fayyaa magaalaa New York. Dhukkubsatooni DhS erga Hospitaala Ciisanii wallaanamanii booda Hawaasati makamuu Ilaalchisee Protokoola Qajeelfama Aadaa Jiruu Wallaansaa, 2004.

**Ragaa:** Waltajjii Dhukkuba To'achuu fi Ittisuu. Ittiin Geggeeffama Dhukkuba Sombaa "Mycobacterium" jedhamu bakka wallaansi Fayyaa Itti kennamutti akka inni Namatti hin Darbineef Ittisuu, 2005. MMWR 2005; 54 (Lakk. RR-17): [38, 45].

Waltajjii Dhukkuba To'achuu fi Ittisuu. United States keessatti Dhukkuba Sombaa To'achuu: Gorsii kun kan irra Fudhatame, Dhibee Laphee Hawaasa America, WTIDh, fi Dhukkuba Namaa Namati Darbu Hawaasa America. MMWR 2005; 54(Lakk. RR-12): [28]